

# Haala-fayyadama sirrii haguugduuwwan fuulaa meedikaalaa







- Otoo ofitti hin kaawwatiin dura harka kee qulqulleessi
- Naannoo fuulaa fi funyaan kee sirriitti gitee taa'uu isaa mirkaneeffadhu
- Haguuggii fuulaa isa gosa I fayyadami (gosti II hojjetoota kunuunsa-fayyaadhaaf dhiisamuu qaba)




- Haguuggii fuulaa irra-deebiidhaan hin fayyadamiin
- Yoo jiidhe, yookiin nyaachuudhaaf yoo ofirraa fuute, kan kana fakkaataniif isa haaraa ta'etti jijjiirradhu.
- Yeruma ofirraa fuute sanatti haguuggicha fuulaa itti fayyadamame sana kachoo-balfaa keessa kaa'i
- Erga tuqxee yookiin ofirraa baastee booda harka kee qulqulleessi

## HIN TAASISIIN:




Haguugduuwwan fuulaa kanneen biroo faaluu irraa si dhorkuu ni danda'u akkasumas faalamutti saaxila ba'uu kee hir'isuu ni danda'u. Haala sirrii hin taaneen isaan yoo fayyadamamte, faalamuu danda'ummaa keef carraa isaa ni dabalta.

Kuni kan yeroo mara hojiirra oolfamudha, akkasumallee yeroo fayyadaminsa haguuggiiwwan fuulaa meedikaalaa/haguuggiiwwan fuulaa carqii.



Haala gaariin harka qulqulleeffadhu, akkasumas yeroo mara



Namoota kanneen biroo irraa fageenya quubsaa ta'e qabaadhu



Yoo si dhukkube mana turi



Namootni muraasni maaskii/haguugduu fayyadamuu filatu, kanneen biroo immoo fayyadamuu hin danda'ani.